ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير أورومو

Date: 23/01/2006 تاريخ No: 002/ABO/06 رقم

Murtiilee fi Kutannoolee Kora Hatattamaa ABO
Amajjii 20 – 23, 2006

Nuti, miseensotni koree Qaama Cehumsa ABO (QC-ABO), miseensotni Gumii Sabaa (GS-ABO), miseensotni gameeyyiin dhaabichaa, fi bakka bu'ootin WBO fi miseensota ABO konyaalee fi kutaalee biyya alaa, Amajjii 20 - 23, 2006 kora godhannee, haala dhaaba keenyaa, haala QBO, haala Gaanfa Afrikaa fi haala addunyaa hunda gad-fageenyaa xinxallee maree guddaa goonee kora keenya milkiin xumurannee jirra.

Kora kana irratti:

> Bu'aa fi injifannoolee Qabsoon Bilisummaa Oromoo dhaaba keenya ABOn hooggana-mu, dhiiga fi lafee jaallam qaqqaaliin argamsiise ija gatiin yaadannee;
>
> Hidhaa, ajjeechaa, hacuuccaa fi dararamin koloneeffataa Habashaan saba keenya irra gahaa jiru daran hammaachaa dhufuu isaa hubannee;
>
> Yaalii sabin Oromoo mirga isaa nagaan deebifachuuf baroota hedduu dabran keessa gochaa ture xiinxallee ilaallee, habashoonni gaaffii Oromoof nagaan deebii keennuu fi dimookraasiin buluuf akka fedhii hin qabne fi seenaa biyya lafaa keessaatti impaayerrii dimookraata'e akka hin jirre hubannee;

Murtii fi kutannoolee armaa gadii dabarsuun yaa'ii keenya milkiin xumuranne:

1. Dhimma Jaarmayaa

1.1. Sagantaa Adda Bilisummaa Oromoo

Sagantaan ABO kan Oromiyaa walaba mirkaneessuu, sagantaa haqaa kan deggersa ummata keenyaa gutuu argate ta'uun yeroo kamuu caalaa har'a ifatti mul'ata. Sagantaan kun hariiroo kolonummaa mootummaa Itoophiyaa fi Oromiyaa gidduu har'allee ittifufee jiru kan calqisu ta'uu caalaa, tokkummaa Sabaa Oromoo kan kaayyoo Oromummaa, walqixxummaa fi waliin cunqurfam irratti hundeeffamee fi bu'ura kan buse dha. Sagantaan kun har'a illee haala qabatamaa jiru calqisu waan ta'eef, maska qabsoo keenyaa taasifannee hanga galma isaa gahutti ittiin qabsaawuuf murteeffanne;

1.2. Xumura Yeroo Cehumsaa ABO

Sagantaa haqaa ABO kan walabummaa Oromiyaa fallessuun tarkaafii gareen Shanee Gumii fudhate karaa nagaa furmaata itti gochuuf waggoota shanan dabraniif QC-ABO obsaan tattaaffi guddaa godhuu isaa ni yaadatama. Tattaaffiin kun fedhii kaayyootti deebi'uu dhaba garee Shanee Gumii irraa milkaawuu hin dandeenye. Yeroo kana caalaa obsuun waan hindanda'amneef, haala biyya keenyaa fi qabsoo keenya yeroo ammaa herega keessa seensisuun, yeroo cehumsaa xumuruun waan barbaachisaa

ta'ee argameef, hooggana dhaabichaa sadarkaa Gumii Sabaa fi Kore Hoji Geggeesitutti hir'ate gutachuun yeroo cehumsaa xumurreera;

Tooftaa Qabsoo Irratti

Sabni Oromoo, mirga seerri addunyaan saboota boojuu jala jiraniif eyyamu dhowwatamee jaarraa tokko oliif sirnni cunqursaa Itophiyaa irratti wal jijjiiraa har'a gahuun beekkamaa dha. Har'as, mirga hiree murteeffatna beekne jedhamu illee, sirnni cunqursaa bifa jijjiirratee haala hammaataan kan ittifufe ta'uu isaa dararaa ummata keenya irra gahaa jiru irraa mul'ata jira. Bilisummaan, akkuma ummata bojuu kamuu saba keenyaaf haqa malee badhaasa eenyu illee kennuuf miti. Waanta'eefis, ABOn dhugaa kana mirkaneessuuf qabsoo deemsisu keessatti, tooftaan hordofu tooftaa qabsoo siyaasaa fi hidhatnoo walitti qindeessanii geggeessuu ta'a. Furmaata nagaa, seera idil addunyaa hordaofee, chartara gola tokkummaa addunyatiin mirkanawe irratti hundeeffamuun rakkina Oromiyaa fi mootummaa Itophiyaa gidduu furmuu akeekate carraaqaa, mirga ummatootni cunqurfaman, rorroo of irraa ittiuuf qaban irratti hundeeffamuun human ittisa ummata keenyaa WBO jajjbeessuu ittifufa;

1.4. Sirna Jaarmayaa fi Hojii Jaarmayaa Jabeeffachuu

Qabsoo tokko bakkaan gahuuf ciminni jaarmayaa murteessaa ta'uun bekkamaa dha. Dhaabni ABO sochii hanga ammaa godheen milkiilee boonsaa gonfatu illee haala biyya keenyaa keessatti amma jiruu waliin tarkaanfatee dirqama isaa gahummaan bahachuuf cimee argamuun isaa murteessaa dha. Waanta'eefis, jabinaa fi laaffia dabranii fi ammas mul'atu bal'inaan erga xiinxalle booda Koreen Hojii Raawwachiiftuu (KHG) fi Gumii Sabaa (GS) tarkaanfii sirreessaa ta'e fudhachuun cimina dhaabichaa mirkaneessuuf akka hojjetan waliif galle.

2. Hojii Ololaa fi Beksisii

Hojiin beksisii hojii qabsoo keessatti bakka guddaa qabaachuun beekkamaa dha. Fuula kanaan hojii hojjetamu keessatti, hameenya mootummaa Itoophiyaa saaxiluun, ummata keenya sochii godhu keessatti damaqaaan akka soch'u gargaaruun, haala jiru akka hordaofu oddesii qabatamaa dhiheessuufin murteessaa dha. Hojii kana milkeessuufis RQBO, human namaa oggummaa hojii kana qabaniin jajjabeessuun fardii dha. Kana irratti dabalee, barruu lee olola gara garaa qopheessuun adeemsa qabsoo keenyaa alagaa hubachiisuuf yaaliin godhamus cimee ittifufu qaba. Gama kanaan tarkaafiin barbaachisu shaffisan akka fudhatamu murteeffatne.

3. Hojii Siyaasaa

3.1. Damaqiina Miseensota Dhaabaa

Hojii siyaasaa keenya keessatti haala amma jiru keessatti maqaa tooftaa fi jijjiirama haala addunyaatiin, kaayyoo keenya irratti mamiin akka bulu gochuuf tattaaffii karaa adda addaa deemaa jiru irra aanuuf dulli karaa fallammii yaadaa nu eggatu salphaa akka hin taane beekkamaa dha. Miseensotni keenya haala kana bilchina yaadaan dura dhaabbachuu akka danda'aniif, yaadan hidhatanii qophii ta'anii argamu qabu. Kanaafis, biyya ambaa keessatti bifa, barnootaan, seminaaraa fi 'work shop' gara garaa biyya keessatti ammo tooftaa haala wajjiin deemu qiyyaasuun sagantaan barnoota siyaasaa ittifufaa ta'e akka geggeeffamu;

3.2. Jaarmayaa Ummataa Deebisanii Jajjabeessuu

Milkaawinsa qabsoo keenya keessatti jaarmayaan ummataa bakka guddaa qaba. Haala amma jiru irraa, jaarmayooleen ummata keenyaa sababaalee garaa garaan keesumaa biyya ambaa keessatti laafatanii

argamu. Jarmayaaleen hawaasaa fi cayaaleen ummataa bu'uura tokkummaa keenyaa fi qabsoo keenyaa waanta'aniif deeb'anii akka jajjabaatan akka irratti hojjetamu. Hojii kana keessatti jaarmayaan dubartootaa, dargaggoo, fi oggeyyii akkaataan sadarkaa amma qabsoon keenya gahee walgituutti akka ijaarmani mirga akka murnatti qabanii fi akka ummataatti bilisummaa keenyaaf gumachanitti qopheessu.

4. Dhimma Diingdee

Hojii qabsoo keessatti diinggeen bakka guddaa qaba. Diinaggee dhaabichaa ol kaasuu fi hojii qabsoo keenyaa jajjabeessuuf sagantaan of irratti irkannoo keenya dagaagsuu irratti dabalee, humnoota fi biyyoota qabsoo keenya haqaan gargaaruu danda'an horachuuf hojjechuu.

5. Dhimma Hawaasummaa

Hojii hawaasummaa keessatti hojiin baqatoota keenya gargaaruu bakka guddaa kan qabu dha. Kanaafis karaa itti gargaarsi akkasii kanneen rakkatan dhaqabu faluu, jaarmaoota hirphaa jiran akka itti jajjabaatan mala dhahuuf hojjechuu.

6. Qabsoo Hidhannoo

WBO tattaaffii godhaa jiru dinqisiifachaa. Tattaaffiin isaa kun akka milkaawuu fi injifatnoo caaluu akka argamsiisu karaa danda'ama hunda jajjabeessuu.

7. Hojii Diplomasii

Hojii karaa diplomasittiin goonu caalaatti jajjabeeffamee haala amma biyya keenya keessatti deemaa jiru addunyaa hubachiisuun, hameenya Wayyanee saaxiluu fi qabsoo keenya kan haqaqaf mararfannoo hawwachuuf hojjechuun murteessa dha. Kanumaa waliin olloota keenya waayee qabsoo keenyaa caalaatti hubachiisuuf durummaan kennamee akka irratti hojjetamu.

7.1. Hariiroo Dhaabota Walabummaa Oromiyaaf Dhaabbatan Walini.

Haalli jiru yeroo kamuu caalaa dhaabotni walabummaa Oromiyaaf dhaabbatan sochii isaanii walitti qindeeffatuun irree tokkummaatiin socho'uu gaafata. Diinota gamtoomanii golgaa adda addaan sirna Imperiyaalummaa ittifufsiisuu barbaadan dura dhaabbachuu kan danda'mu dursee dhaabbotni walabummaa Oromiyaa yaada, qabeenya, fi human namaa isaanii walitti qindeeffatanii wali wajjiin socho'uun saba Oromoo gamtaan sochoosuu yoo danda'an qofa jennee amanna. Kanaaf, ULFOn maqaan jiraachuu irra dabree agoobara gaaffii jaarmayaa qabsoon Oromoo qabuuf deebisaa ta'uu danda'u akka ta'uuf qooda keenya gumaachauuf tarkaanfiin barbaachisu akka fudhatamu;

7.2. Hariiroo Humnoota Saboota Cunqurfamanii

ABOn mirga hiree murteeffannaa ummatota akka Oromiyaa sirna boojuu Itoophiyaa jala jiranii ni kabaja. Hariiroo dhaabota walaba ta'anii mirga ummatoota isaanii mirkaneessuuf dhaabbatan waliinis qabaachaa ture kan ittifufu ta'uu caalaa hariiroon jiru kan hojiitti mul'atu akka ta'u tattaaffii gama isaan jiru ittifufua;

7.3. Olloota Oromiyaa waan Ilaalu Irratti

Biyyotni ollaa Oromiyaa ta'an bilisummaan Oromiyaa dantaa isaanittiif ta'ee, nagaa waraa naannoo sanaaf murteessaa ta'uu beekanii carraaqa ABOn godhu akka tumsan karaa danda'ame hundaan hubachiisuuf tattaaffiin godhamu akka ittifufu.

8. Dhaabota Itoophiyaa Ilaalchisee

Haala hanga ammaa mul'atu irraa dhaabotni Habashaa mirga hiree murteeffatnaa saba Oromoo fudhachuuf qophii ta'anii hin argaman. Inumaahuu karaa adda addaan yaalii godhaaa jiraniin, mirga bilisummaa Oromoo beekuu dhiifnaan mirgoota xixiqqoo sabni keenya argatehuu haquuf bobba'uu caalaa, qabsoo keenya jalisanii dhiheessuu, xiqqeessuu fi farra ummatoota godhanii dhiheessuun amala isaanii dhaabbataa ta'ee argama. Waanta'eefis, har'as akka kaleessaa, ololaa fi shira isaanii fashalsuuf, jabinaan hojjechuu murteessaa dha jenna.

9. Hawaasa Addunyaa

Hawaasni addunyaa yeroo dha gara yerootti gaaffii Oromoo hubataa deemaa jirachuu ni mul'ata. Haalli kun daran akka jajjabaatu gochuuf hunda caalaa qabsoon ummata keenyaa caalatti jabeeffamu qaba. Kanaa gochuufis miseensotni dhaabichaa keessumaa biyya ambaa keessa jiraatan, haala naannoo isaanii irratti hundeeffamani haqa saba keenyaa addunyaatti beeksisuuf carraqa godhan bifa qindawee fi dhaabbataa ta'ee akka geggeessan.

Oromiyaan ni bilisomti !

Kora Hatattamaa ABO
Amajjii 23, 2006